# NYAATA HO'AATTI
# TURSI

## SAFARTUU HO'AA

Kan firiijii 40° F yookin gadi ta'uu qaba.
Kan friizerii immoo 0° F ta'uu qaba.




## DARBAA HIN GUUTIN

Qilleensi qabbana'aa naanna'uuf bakka barbaada. Nyaata akkuma bitameen sa'a 2 gidduutti firiijii galchi. Yoo ho'ii alaa 90° F fi ol ta'e, sa'a 1.

## KUUSAA FRIIZERII

Friizeriin haftee nyaata turfachuu barbaaddu fi gatuu hinbarbaadne kuufachuuf baayyee gaarii dha. Meeshalee nyaata keessa keessu akka hinbadnetti akka seeratii barreefama itti maxxansuu hindagatin.

## DAGALEE FIRIIJII OLII

Nyaata haftee fi kan dafee nyaatamuu qabu akka itittuu fi dhugaatii dagalee isa olii irraa kaa'i.

## DAGALEE FIRIIJII GADII

Dagaleen kun caalatti diilalla'a. Kanaaf, waan akka killee, gosa haannanii fi foon tiif gaarii dha.

## KIISA FIRIIJII

Kuduraa fi muduraa kuusi. Kiisin friijii furtuu jiidha-qilleensaa to'atu ni qaba. Yoo firiijiin kee furtuu kana yoo qabaate, inni ol'aanaa ta'e (yeroo hedduu cufaa) fi inni gadaanaa immoo yeroo hedduu banaa) dha.

| OL-AANAA — GAD-AANAA | OL-AANAA — GAD-AANAA |
|---|---|
| **Jiidha-qilleensa ol-aanaa** - yoo guddaa ta'e kuduraatiif gaarii dha. | **Jiidha-qilleensa gad-aanaa** - yoo gad-aanaa dafee akka tortoru taasisa. Akka waakkoo. |




## BALBALOOTA

Garri firiijii kun hedduu waan ho'uuf, dhugaatii fi waantoota akka mi'eesituu ka'huun gaarii dha. Anqaaqu fi haannan balbalaa irra hinkaa'iin.

# Kuusaa Friizerii

## Foon fi Qurxummii
(Kan hinbilchaanne)



| | |
|---|---|
| Hambergerii, foon fi lukkuu daakame | Baatii 3-4 |
| Foon ho'aa kan sangaa, hoolaa fi booyyee foon isteekii murmurame fi ittoo foonii | Baatii 4 -12 |
| Lukkuu fi tarkii guutuu | Baatii 12 |
| Lukkuu fi tarkii billiitii ba'e | Baatii 9 |
| Bekanii fi saasejii | Baatii 1-2 |
| Qurxummii | Baatii 3-8 |
| Qurxummii gosa sheel | Baatii 3-12 |

## Haftee



| | |
|---|---|
| Foon affeelame | Baatii 2-3 |
| Foon lukkuu akka naaget | Baatii 1-2 |
| Piizzaa | Baatii 1-2 |
| Shorbaa fi ittoo | Baatii 2-3 |
| Kiish | Baatii 2-3 |
| Kaasirol hanqaaquu | Baatii 2-3 |
| Paastaa | Baatii 3-6 |

## Nyaata Dabalataa




| | |
|---|---|
| Kuduraa | Baatii 8-12 |
| Muduraa | Baatii 6-9 |
| Daabboo | Baatii 6 |
| Ruuza affeelame | Baatii 1 |
| Daakuu | Waggoota 2 |
| Sukkaara | Baatii 6 |
| Killee deedhii (kan cabe) | Waggaa 1 |

# Yeroo Itti Nyaatamuu qaba

### Guyyaan nyaata irra jiru maal argisiisa?

Guyyaan nyaatni itti badu nyaata iirratti bareefame yeroo hedduu kan dogogorsissu fi afaan faajjii uumu dha. Kunis nyaatni utuu hinbadin akka gatamuuf nama dirqisiisa. Guyyaan irra jiru warra oomishetu sadarkaa qulqullumma isaa ibsuuf malee nagummaa isaa ibsuuf akeekachiisa miti. Nyaatani guyyan isaa irra darbe yoo firiijii keessatti kuufame fi haalan yoo qabame nyaatamuu ni danda'a. **Odeefannoo dabalataaf, fsis.usda.gov**

HANAGA ITTI BAAYYEE GAARII TA'U:

**"Hanga Itti Baayyee Gaarii Ta'u"** kan jedhu guyyaa minyaan isaa yookin sadarakaan qulqullummaa isaa hiri'su agarsiisuuf malee nagummaa nyaataa ibsuuf miti.

GUYYAA GURGURAMUU QABU:

**Guyyaa Gurguarmuu Qabu:** jechuun to'annoof jecha hanga yoomitti waan nyaataa kun gabaaf dhihaachuu akka qabu argisiisuuf malee nageenya nyaata kanaa daangessuuf miti.

HANGA ITTI FAYYADAMNU

**Hanga itti fayyadamnu** jechuun nyaata kana sadarkaan isaa utuu gad hin bu'iin akka fayyadamnuuf. Garuu daakuu hannanii daa'imaa yoo ta'e nagummaan isaa ibsa.

CABBEESSI HANGA:

**Guyyaa Cabbeessi Hanga** jechuun guyyaa nyaatni kun utuu sadarkaan isaa gad hin bu'iin cabbeefamuu qabu isbsuuf malee guyyaa itti bitame yookin gatamuu qabu jechuu dha.

SAINT PAUL
PUBLIC WORKS

stpaul.gov/foodwaste

Madda: USDA, FDA, Sustainable America